
Qajeelfama Hojiirra Oolmaa Sagantaa Barnoota Fagoo

Biiroo Barnoota Oromiyaa

Caamsaa 2010
Finfinnee

Boqonna Tokko

1. Dug-Duubee

1.1. Seensa

Barnoonni meeshaa guddinaa, furtuuhiyyummaa fi misooma humna namaa fiduu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanaafu; karaa idilee fi al-idileetiin barnootawalgitiinsa, ga'umsaafi qulqullina qabu lammiin hundaa akka argatugochuun barbaachisaadha. Tarsiimoon carraan barnoota kara al-idilee babl'isuuf kan gargaaru keessa inni tokko sagantaan barnoota fagoo yoo ta'u, sgantaan kun namii tokko otoo hojii idilee isaa gadii hin dhisine carraa barnootaa akka argatu waan godhuuf gahee Sagantaa kun misooma humna nama keessatti qabu ol'aanadha.

Sagantaan barnoota fagoo kutaa 5 hanga kutaa 12 kan kennamu yoo ta'u eyyamni kutaa 5 hanga kutaa 8 tti waajjira barnoota godina ykn bulchiina magaalatiin kankennamu yoo ta'ueyyamni kutaa 9 hanga kutaa 12tti kan kennu biiroo barnoota oromiyaatti. Qajeelfamni kunis sagantaa barnoota fagoo qulqullina fi gahumsan akka gaggeeffaamu, carraa barnoota fagoo akka babal'atu gochuu akkasumas qajeelfamni barnoota fagoo bara 2007 bahee ciccita fi guutuu waan hin taane qajeelfamni kun irra deebi'ame akka ba'u barbaachiseera.

1.2. Barbaachisummaa Qajeelfamichaa

Sagantaa barnoota fagoo tarsiimoo carraa barnoota karaa al-idileetiin babal'isuu gargaaran keessa isaa tookkoo yoo ta'u; ga'eessotni umuriin isaanii waggaa 15 fi ol ta'anii sababa adda addaatiin sagantaa idileetiin barnoota barachuu hindandeenyef haala mijeessuu fi sagantaa kana qulqullina fi gahumsaan hogannuuf qajeelfamni kun barbaachiseera.

1.3. Hiika Gabajeewwanii

- **KBB:** Kolleejjii baranoota barsiisota
- **BBO:** Biiroo barnoota Oromiyaa

1.4. Dangaa Raawwatiinsa

Dhaabbilee dhuunfa ykn mootumma sgantaa baranoota fagoo gaggeessu kamiyyuu irratti raawwantinsa ni qabata.

1.5. Mataduree Gabaabaa fi Hiika Jechootaa

1.5.1. Mataduree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Hojiirra Olmaa Sagantaa Barnoota Fagoo” jedhamee waamamuu ni danda’a

1.5.2. Hiika Jechootaa

Jechoonni armaan gadii faayidaa birootiif hiikni biroo yoo itti kenname malee akka qajeelfama kanaatti:

- A. **“Biiroo”** - jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Barnoota Oromiyaati.
- B. **“Dhaabbata Barnootaa”**– jechuun dhaabbata mootummaas ta’e miti-mootummaa eeyyama beekamtii BBO irraa gaafatee/argatee naannoo Oromiyaa keessatti sagantaa barnoota fagoo gaggeessudha.
- C. **“Barnoota Fagoo”** – jechuun sagantaa barnootaa namoota sababoota adda addaatiin barnoota idilee barachuu hin dandeenyeef barnoonni bakka jiranitti ergameefii kennamudha.
- D. **“Moojula”** – jechuun kitaaba sirna barnoota hojiirra jiru irratti hunda’uun qophaa’ee barattonni barnoota fagoo ittiin barataniidha.
- E. **“Caasaa”** – jechuun gurmaa’inaafi yaa’insaa hojii dhaabbilee barnoota fagoo sadarkaa muummee irraa hanga aanaa/ bulchiinsa magaalatti jirudha.
- F. **“Waajjira Muummee”**- jechuun mana hojii haadhoo (Head office) dhaabbata barnootaa sagantaa barnoota fagoo gaggeessan jechuudha.

1.6. Kaayyoo

Sochii carraa barnootaa babaldhisuu keessatti,gaheen mootummaa akkuma jirutti ta’ee,hirmaannaan abbootii qabeenya dhuunfaa misoomawaa ta’an murteessaa akka ta’e kan beekamuudha.Haaluma kanaan dhaabbilee barnoota dhuunfaas ta’e dhaabbilee mootummaa sagantaa barnoota fagoo gaggeessan seeraafi qajeelfama irratti hundaa’anii akka raawwatan gochuuf caasaalee sadarkaan jiru gahee fi itti gaafatamummaa isaanii akka bahan taasisuudhaaf qajeelfamni kun barbaachiseera.

1.7. Bu’aalee Qajeelfama Kanarraa Eegaman

- Carraa barnoota lammii hundaan gahuuf haala mijataa uumuu.
- Yeroo gabaabaa keessatti barnoota namoota baay’ina qaban biraan gahuu dandeessisa.
- Namoonni sababa adda addaatiin barnoota isaanii sagantaa idileetiin itti fufuu hin dandeenye hanga carraa barnoota sadarkaa olaanaatti akka argatan ni gargaara.

- Haala qabatamaa jiru irratti hundaa’uun namoota barataniif akkaataa mijaa’uu danda’uun dhiyeessuuf gargaara.
- Baasii xiqqaan bu’aa guddaa argamsiisuu dandeessisa.
- Hirmaannaan barnoota naannoo keenyaa akka ol guddatu taasisa.
- Namoota kaffalanii barachuu hin dandeenyeef carraa ittiin baratan ni uuma.
- Galma ga’iinsa guddinaa fi misooma biyyaa keessatti sagantaan barnoota fagoo carraa barnootaa babal’isuun shoora isaa akka taphatu ni taasisa.
- Galma misoomaa itti fufiinsa qabu (Sustainable Development Goals) milkeessuu keessatti sagantaan barnoota fagoo gumaacha ni taasisa.

Kanaafuu, barnoonni fagoo akka biyyattiittis ta’e akka naannoo keenyatti carraa barnootaa babal’isuuf tattaaffii godhamaa jiru keessatti gumaacha mataa isaa waan qabuuf BBOon qajeelfama kana bu’uureffachuun dhaabbilee sagantaa barnoota fagoo gaggeessan mara kallattii sirrii ta’e qabsiisuun sagantichi/ barnootichi bu’a qabeessa ta’e hirmaattonni fayyadamtoota akka ta’an ni taasisa.

Boqonnaa Lama

2. Caasaafi Gurmaa'insa Dhaabbata Barnoota Fagoo

2.1 Caasaa Dhaabbata Barnoota Fagoo

Caaseffamni sagantaa barnoota fagoo kan mootummaan gaggeeffamu caaseffama KBBtiin kan hogganamu ta'ee, kan dhaabbilee barnoota dhuunfaa akka armaan gadiitti kan raawwatu ta'a:

- 2.1.1 Naannoo Oromiyaa keessatti dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu itti waamamni isaa Biiroo Barnoota Oromiyyaatiif ta'a.
- 2.1.2 Waajjirri muumme /Head office/ seeraan kan dhaabbate ta'ee, teessoo fi mana hojii giddugaleessa dhaabbatichaa ta'uun kan tajaajiludha.
- 2.1.3 Waajjirri muumme naannoo ykn magaalaa dhaabbatichi filate kamiyyuu keessatti dhaabbachuu ni danda'a. Gama biraatiin, waajjirri muumme dhaabbata barnoota fagoo naannoo Oromiyaa keessa yoo hin jirre ta'e damee waajjira dhaabbatichaa naannicha keessatti saaquu qaba.
- 2.1.4 Dhaabbatichi sadarkaa godinaatti barnoota fagoo godinicha keessatti gaggeeffamu qindeessuuf na gargaara jedhee yoo itti amane waajjira/wiirtuu tokko banuun hojii gaggeessuu ni danda'a.
- 2.1.5 Dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu yoo xiqqaate kutaa hojii qindeessaan (focal person) tokko keessatti hojjetu wiirtuun barnoonni itti baneetti keesaatti qabachuun dirqama ta'a. Waajjirri sadarkaa aanichaa humna namaanis ta'ee meeshaalee barbaachisoon kan guutamee fi kan gurmaa'e ta'uu qaba.

2.2 Gurmaa'ina Dhaabbata Barnoota Fagoo

2.2.1 Gurmaa'insa Dhaabbata Barnootaa (Physical Set up)

Gurmaa'insi sagantaa barnoota fagoo BBOtiin kennamu haaluma gurmaa'insa barnootaa Oromiyaatiin kan hojiirra oolu ta'ee; kan dhaabbilee barnoota dhuunfaa garuu akka armaan gadiitti kan raawwatu ta'a.

Waajjirri muummee yoo xiqqaate kutaalee hojiiwwan armaan gadiitti xuqaman qabaachuu qaba; akkasumas humnaa fi baldhina hojii dhaabbatichaatiin kutaalee biroos qabaachuu ni danda'a.

2.2.1.1 Kutaa hoggantoota bulchiinsaa

2.2.1.2 Kutaalee ogeeyyii akkaadamii

2.2.1.3 Kutaa moojulli itti qindaa'uu fi raabsamu,

2.2.1.4 Kutaa supparvaayizarootaa/barsiisotaa,

2.2.1.5 Kutaa qorumsi itti qopha'uufi itti soroorfamu kophaatti,

2.2.1.6 Kutaa rikardii kophaatti fi mana kuusaa (Store).

2.3 Gurmaa'insa Humna Namaa

Gurmaa'insi humna namaa sagantaa barnoota fagoo KBBtiin kennamu haaluma gurmaa'insa KBBtiin kan hojiirra oolu ta'ee, kan dhaabbilee barnoota dhuunfaa garuu haala armaan gadiin kan raawwatu ta'a.

2.3.1 Sadarkaa Waajjiira Muummeetti: Humna Nama Hojii Bulchiinsafi Akkaadaamiif

Dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu humna namaa hojii isaaniif barbaachisuufi ulaagaa guutan dhaabbiin ykn kontiraataanqaxaruun caasaalee gubbaa hanga gadiitti jiran keessatti guutuu qaba. Dhaabbanni barnoota fagoo tokko akka humnaafi bal'ina hojii isaatti hojjettoota biroo qabaachuu kan danda'u ta'ee, waajjira muummeetti hojjettoota armaan gadii qabaachuu ni mala

2.3.1.1 Itti gaafatamaa dhaabbatichaa,

2.3.1.2 Itti gaafatamaa qabeenya humna namaa,

2.3.1.3 Itti gaafatamaa bulchiinsaafi faayinaansii,

2.3.1.4 Itti gaafatamaa hojii akkaadamii /Dareektara,

2.3.1.5 Supparvaayizaroota,

2.3.1.6 Ogeeyyii moojuloota qindeessanii fi raabsan

2.3.1.7 Ogeeyyii qorumsa qopheessaniifi soroorsan

- 2.3.1.8 Qindeessitoota kenniinsa tutooriyaalii
- 2.3.1.9 Qindeessaa waajjiraalee damee dhaabbatichaa
- 2.3.1.10 Hojjetaa kutaa rikardii
- 2.3.1.11 Abbaa herregaa
- 2.3.1.12 Maallaqa qabaa/duu
- 2.3.1.13 Hojjetaa mana meeshaa
- 2.3.1.14 Barreessituu.

2.3.2 Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti

Dhaabbanni barnoota fagoo kamiyyuu caasaa sadarkaa godinaa fi aanaatti waajjira / wiirtuu dhaabbate keessatti yoo xinnaate nama ogummaa qabu tokko ykn lama ramaduun dhiheenyaatti qaama barattoota deeggaruu fi tajaajilu qabaachuu qaba.

2.4 Meeshaalee Guutamuu Qaban

2.4.1 Sadarkaa Waajjira Muummeetti

Waajjirri muummee (Head Office) meeshaalee hojii barnootaa gaggeessuuf barbaachisoo ta'an yoo xiqate kan armaan gadiittii tarreeffaman qabachuu dirqaama ta'a.

- 2.4.1.1 Kompitaroota fi printeroota tajaajila adda addaatiif oolan;
- 2.4.1.2 Maashinii waraqaa baay'isu;
- 2.4.1.3 Teessoofi minjaalota kutaa hundaaf barbaachisan;
- 2.4.1.4 Bilbila, Faaksii, Teessoo, Imeelii, Saanduuqa poostaa
- 2.4.1.5 Kitaabilee barataa kutaa (5-12 jiran);
- 2.4.1.6 Iddattoo moojuloota bara baraan qophaa'an
- 2.4.1.7 Imaammata barnootaafi leenjii mootummaa
- 2.4.1.8 Dambiiwwaan, tarsiimoowwaniifi qajeelfamoota barnootaa fedaraalaa fi naannootti qophaa'an,
- 2.4.1.9 Sanada paakeejii mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa

2.4.2 Sadarkaa Godinaa fi Aanaatti

- 2.4.2.1 Biiroo damee wajjira dhaabbatichaa;
- 2.4.2.2 Teessoofi minjaala qindeessaa/toota;
- 2.4.2.3 Bilbila, Faaksii, Teessoo imeelii (E-mail)
- 2.4.2.4 Meeshaalee barreeffamaa kanneen akka kompitara, pirintaraa fi kkf.

Boqonaa Sadi

3. Gahee Hojiifi Itti Gaafatamummaa Qaamolee Adda Addaa

3.1 Gahee hojii Biiroo Barnoota Oromiyaa

Biiron Barnoota Oromiyaa sagantaa barnoota fagoo naannicha keessatti gaggeeffamu ilaalchisee aangoo fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qaabaata.

3.1.1 Sagantaa barnoota fagoo dhaabbileen dhuunfaas ta'e kan mootummaan naannicha keessatti gaggeessan olaantummaan ni hooggana, ni to'ata.

3.1.2 Qajeelfama sagantaa barnoota fagoo ni qoppheessa; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa.

3.1.3 Biiron Barnootaa Oromiyaa eeyyama barnootaa kan kennuu Kutaa 9- 12 tti ta'a.

3.1.4 Istaandaardii eeyyama beekamtii duraa fi beekamtii guutuu ni qoppheessa; hojiirra akka oolu ni taasisa.

3.1.5 Dhaabbilee ulaagaa kaa'ame guutan gaaffii eeyyama hojii gaafataniif eeyyama duraa fi guutuu ni kenna; eeyyamni kennamus aanaalee ykn magaalota dhaabbileen barnoota dhuunfaa eeyyama argatan qofaaf ta'a.

3.1.6 Dhaabbileen barnoota fagoo gaggeessan kamiyyuu sirna barnootaa biyyoolessaa fi naannichaa hordofuun barnooticha kennaa jiraachuu isaanii ni hordofa, ni to'ata, tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisus ni fudhata.

3.1.7 Yeroo barbaachisutti inispektaroonni/madaallii hojii dhaabbilee barnoota fagoo akka gaggeessan ni taasisa.

3.1.8 Gabaasa dhaabbileen barnootaa fagoo semisteera semisteeraan dhiheessan ni madaala; ciminaa fi hanqina mul'ate adda baasuun duub- deebii ni kenna.

3.1.9 Haala bu'aa madaallii hojii dhaabbilee kanneenii irratti hundaa'uun dhaabbanni barnoota fagoo istaandaardii fi sadarkaa barnoota eeyyama itti fudhateen ala hojjetee yoo argame dhaabbanni sun akka cufamu ni taasisa.

3.1.10 Sagantaa barnoota fagoo akka KBBtti gaggeeffamuuf sirna barnootaa sadarkaa biyyaa fi naannootti jiran bu'uura taasisuun fireemwoorkii sirna barnootaa (Curriculum Framework) fi moojuloota ka'umsaaf ta'an ni qoppheessa.

3.1.11 Leenjii hubannoo uumuu fi humna raawwachiisummaa cimsuu ni kenna.

3.1.12 Caaseffama sagantaa barnoota fagoo KBBf ni murteessa.

- 3.1.13 Barnoonni fagoo kennamu haala ammayyaawaa ta'een teeknooloojii fayyadamuun kennamuu akka danda'u haala ni mijeessa.
- 3.1.14 Qormaanni jiddugaleessummaan ogeeyyii barnootaa fayyadamuun sadarkaa BBOtti akka qophaa'u ni taasisa.

3.2 Gahee hojii Kolleejjii Barnoota Barsiisota

- 3.2.1 Sagantaa barnoota fagoo akka Oromiyaatti kutaa 5-12tti abbummaan ni kennu.
- 3.2.2 Hirmaattota sagantaa barnoota fagoo kutaa 5-12 kennamurratti hirmaataniifi naannoo uwwisa isaanii jala jiraniif “framework” BBO irraa ergamurratti hundaa'uun moojuloota qopheessuun baay'isanii hirmaattotaaf akka qaqqaban ni taasisu.
- 3.2.3 Ragaa hirmaattota (barattoota) sagantaa barnoota fagoo kennamuu naannoo uwwisa isaanii jala jiran qindeessuun kurmaana kurmaanaan BBOf ni dabarsu.
- 3.2.4 Sagantaa barnoota fagoo kennamu irratti caasaalee barnootaa sadarkaa sadarkaan jiran waliin qindoominaan ni hojjetu.
- 3.2.5 Barsiisota gahumsa qaban manneen barnoota naannoo irraa dorgomsiisuun filatee tutooriyaaliin akka kennamu ni taasisa.
- 3.2.6 Wiirtuuwwan irratti qindeessitoota ni ramada.
- 3.2.7 Qormaata BBOtti qophaa'e fudhatee wiirtuuwwan irratti ni kenna, ni sororsa, qabxii ni qaaccessa, barattoota ni beeksisa.
- 3.2.8 Leenjii hubannoo uumuu, humna raawwachiisummaa cimsuu qindeessitootaaf ni kenna.
- 3.2.9 Caasaa sagantaa barnoota fagoo BBOon hojjetamu keessatti ni hirmaata.

3.3 Gahee hojii Waajjira Barnoota Godina/ Bulchiinsa Magaalaa

- 3.3.1 Qajeelfamoota, tarsiimoowwan, akkasumas barreefamoota adda addaa barnoota fagoo ilaalchisee BBO irraa gadi bu'an aanaalee/bul. magaalotaa akka gahan ni taasisa.
- 3.3.2 Qajeelfama kanarratti hunda'uun sagantaa barnoota fagoo kutaa 5- 8tiif eeyyama duraa fi guutuu ni kenna.
- 3.3.3 Dhaabbanni barnoota fagoo eeyyama malee Godina/bul/magaalaa isaaniitti gaggeessu yoo jiraate hojicha akka dhaabu gochuun BBO beeksisuun tarkaaffiin fudhatamuu qabu akka fudhatamu haala ni mijeessa.
- 3.3.4 Ragaa dhaabbilee barnoota fagoo godinicha keessatti gaggeeffamu qindeessee ni qabata, BBO ni dabarsa.
- 3.3.5 Sagantaan barnoota fagoo godinicha keessatti gaggeeffamu haaluma qajeelfamaa fi istaandaardii kaa'ameen gaggeeffamaa jiraachuu isaa ni hordofa, ni to'ata.
- 3.3.6 Gabaasa dhaabbileen barnoota fagoo semisteera semisteeraan dhiheessan ni madaala; ciminaa fi hanqina mul'ate adda baasuun duub- deebii ni kenna.
- 3.3.7 Ragaa hirmaannaa barattootaa sagantaa barnoota fagootiin barachaa jiran qindeessuun ni qabata, gabaasa idilee keessatti galchuun BBO ni gabaasa.
- 3.3.8 Dhimma sagantaa barnoota fagoo BBO ni kennamu irratti KBB waliin qindoominaan ni hojjeta.
- 3.3.9 Wiirtuuwwan tutooriyaaliin irratti kennamaniif KBB wajjin qindoominaan ni hojjeta, haala ni mijeessa.

3.4 Gahee hojii Waajjira Barnoota aanaa / Bulchiinsa Magaalaa sadarka Aanaatti

- 3.4.1 Dhaabbanni barnoota dhuunfaa aanaa/bul. magaalaa isaanii keessatti sagantaa barnoota fagoo gaggeessuuf deegarsa ogumma ni kenna; sagantichaa akkaata qajeelfaman raawwatamu isaa ni mirkaneessa.
- 3.4.2 Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa sagantaa barnoota fagoo aanaa/ bul. magaalaa isaanii keessatti gaggeessu kamiyyuu eeyyama dursaa ykn eeyyama guutuu kutaa (9-12) BBO irraa Kutaa (5-8) Godina irraa maqaa aanichaa/bul. magaalaa isaaniitiin qabaachuu isaanii ni mirkaneessa.

- 3.4.3 Dhaabbanni barnootaa dhuunfaa barnoota fagoo eeyyama malee aanaa/bul.magaalaa isaanitti gaggeessu yoo jiraate hojicha akka dhaabu gochuun waajjira barnoota godinaa beeksisuun tarkaaffiin fudhatamuu qabu akka fudhatamu haala ni mijeessa.
- 3.4.4 Sagantaan barnoota fagoo aanicha/bu.magaalichaa keessatti gaggeeffamu haaluma qajeelffamaa fi istaandaardii kaa'ameen gaggeeffamaa jiraachuu isaa ni hordofa, ni to'ata.
- 3.4.5 Ragaa hirmaannaa barattootaa sagantaa barnoota fagootiin barachaa jiranii qindeessuun ni qabata, gabaasa idilee keessatti galchuun waajjira barnoota godinaatiif ni gabaasa.
- 3.4.6 Gabaasa dhaabbanni dhuunfaa barnoota fagoo semisteeratti al tokko BBOf ykn Godina/Bu.Magaalaaf yammuu gabaasu sagantaan dhaabbatichi gaggeessaa jiru sirrii fi bu'a qabeessa ta'uu isaaf waraqaa deeggarsaa kennuun ragaa ni baha.
- 3.4.7 Dhimma sagantaa barnoota fagoo BBOon kennamu irratti KBB waliin qindoominaan ni hojjeta, haalas ni mijeessa.

3.5 Gahee hojii Waajjira Muummee Dhaabbata Barnoota Fagoo

Waajjira muummee kan jedhu dhaabbilee barnoota dhuunfaa barnoota fagoo kennan kan ilaallatu fi mana hojii haadhoo dhaabbatichaa yoo ta'u gahee hojii fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

- 3.5.1 Hojii baruu barsiisuu eeyyama itti argate giddu galeessummaan ni hoggana.
- 3.5.2 Waajjirri muummichaa iddoo hojiin barnoota fagoo giddu-galeessummaan itti hogganamu, itti qophaa'uu fi itti qindaa'u waan ta'eef waajjira sadarkaa isaa eegee fi hojiif mijaawaa akka qabaatu gochuu.
- 3.5.3 Waajjirichi humna namaa ogummaa hojii fi baay'ina sadarkaa sanatti barbaachisuun akka guutamu gochuu.
- 3.5.4 Waajjirri muummichaa iddoo hojiin barnootichaa giddu-galeessaan itti gaggeeffamu waan ta'eef meeshaalee hojiif barbaachisan hundaan guutuu.
- 3.5.5 Hojii wajjiraalee/ wiirtuulee sadarkaa godinaalee fi aanaalee jiran hordofuu, deeggaruu, too'achuu.

- 3.5.6 Moojuloota BBOtiin qophaa’an fudhatanii baay’ifachuun yeroon hirmaattota bira akka gahan ni taasisa.
- 3.5.7 Tutooriyaaliin semisteeratti al lama yeroo isaa eeggate ogeeyyii gahumsa qabaniin barattootaaf akka kennamu gochuu; bu’aa isaatis madaaluu.
- 3.5.8 Qorumsa qulqullinaa fi gahumsa qabu qopheessuun barattootaaf kennuu; firii isaatis qindeessuun yeroon barattootaaf laachuu.
- 3.5.9 Ragaan galmee fi firiin qorumsaa seeraan kutaa riikordiitti akka qabamu gochuu; firii qorumsa barattootaa qaaccessuun ‘soft copy’ fi ‘hard copy’ isaa BBOf gabaasuu.
- 3.5.10 Wiirtuulee aanaatti tajaajila supparvizyiinii kennuu.
- 3.5.11 Gabaasa raawwii hojii BBOf kurmaanaan dhiheessuu.
- 3.5.12 Barnoota Saayinsii (Baayoloojii, Keemistirii, Fiiziksii) semisteeratti hojii yaalii jiran keessaa 50% fi isa ol laaboraatorii ni argisiisa/ gochaan akka shaakalan ni taasisa.
- 3.5.13** Barnoota ICT barattoonni iddoo itti shaakalan qopheessuun semisteeratti 50% isa ol akka ilaalaan/ gochaan akka shaakalan ni taasisa

3.6 Gahee hojii Waajjira/Wirtuu Aanaa/ B/MagaalaaDhaabbaticha

- 3.6.1 Waajjira barnootaa aanaa/ bul. magaalaa waliin walitti dhiheenyaan ni hojjata.
- 3.6.2 Bakka bu’aa dhaabbatichaa ta’uun aanichaa /bul. magaalichaa keessatti waltajjiwaan dhaabbaticha ilaallatu irratti ni hirmaatu.
- 3.6.3 Rakkoo barattootaa dhiheeniyatti hubachuun furmaata hatattamaa akka argatan ni taasisa.
- 3.6.4 Hojiilee barnoota fagoo aanicha/bulchiinsa magaalichaa keessatti gaggeeffamu ni qindeessa; ni hooggana; caasaalee barnootaa sadarkaa sadarkaan jiruu fi muummee dhaabbatichaaf ni gabaasa.
- 3.6.5 Leecalloowwan barnootaa muummee irraa gara wiirtichaatti ergaman ni raabsa, bu’aa qabxii barattootaa ni qaaccessa, barattoota ni beeksisa.

Boqonna Afur

4. Haala Qophiilee fi Baay'ina Moojulotaa

4.1 Haala Qophii Moojulotaa

- 4.1.1** Sirna barnootaa hojiirra jiru (silabasii, Moojuloota, MLC, haala qabatamaa naannoo) wajjin walsimsiisuun kan qophaa'e ta'uu qaba.
- 4.1.2** Baay'inni moojuloota kutaa kutaadhaan akka armaan gadiitti 4.2.1 hanga 4.2.4 jalatti ibsameen kan qophaa'u ta'a.
- 4.1.3** Mojuloonni qophaa'an Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin–daayirektoreetii sirna barnootaatiin kan madaalamu ta'a. Daayirektoreetii sirna barnootaas bu'aa madaallii moojulootaa kan kutaa (9-12) Daayirektoreetii Barnoota Al-Idilee fi Misooma Hawaasaa BBOf; akkasumas, kan kutaa (5-8) Waajjira Barnootaa Godinaalee/Bu.Magaalotaa dhaabbatichi keessatti eeyyama gaafateef ykn hojjachaa jiruuf xalayaa seera qabeessaan ni beeksisa; dhaabbatichaaf garagalcha ni taasisa.
- 4.1.4** Bu'aa madaallii moojulotaa irratti hundaa'uun BBOOn sirreeffama ni kenna, ni mirkaneessa.
- 4.1.5** Ulaagaalee madaallii moojuloota barnoota fagoo guutuu isaaniif qabxii darbiinsaa argachuu qabu.
- 4.1.6** Qabxiin darbiinsaa madaallii moojuloota tokkoon tokkoo isaanii dhibba keessaa 75 fi isaa ol argachuu qabu.
- 4.1.7** Moojuloota waliin akaakuu barnootaaf baay'ina moojulaan abbaltiin (assignment) sadarkaa isaa eeggate qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
- 4.1.8** Hirri (Ratio) moojuula- barataa 1:1 ta'uu qaba.
- 4.1.9** Moojuloonni kutaa 5-8 akaakuu barnoota Afaan Amaaraa fi Afaan Ingiliiziin alatti kan jiran afaan dhalootaa barattootaatiin qophaa'uu qabu.
- 4.1.10** Kaffaltiin qaama moojula qopheessu, gulaalu fi tayyabu (barreessu) haala qajeelfama kafaltii BBO qophii moojulaatiif kolleejjotaaf baaseen kan raawwatamu ta'a.
- 4.1.11** Moojuloonni sadarkaa BBOtti qophaa'anii KBBtiin qindaa'aniif kaffaltii malee bilisaan barattootaaf kan raabsaman ta'a.

4.2 Akaakuu fi Baay'ina Moojuloota

4.2.1 Akaakuu fi Baay'ina Moojuloota kutaa 5-6 tiif qophaa'uu qaban

- Akaakuu barnoota tokkoof mojuloota lamatu qophaa'uu qaba
- Kutaa shaniif mojuloota $2 \times 7 = 14$ (**kudha afur**) qophaa'uu qaba.
- Kutaa jahaafis mojuloota $2 \times 7 = 14$ (**kudha afur**) qophaa'uu qaba.
- Walumaagalatti kutaa shanii fi jahaaf mojuloota $14+14= 28$ ta'a.
- Kutaa 5-6 mojulootni akaakuubarnootaa torbatuqophaa'uu qabu; isaanis:

- 4.2.1.1 Afaan Oromoo,
- 4.2.1.2 Afaan Amaaraa,
- 4.2.1.3 Afaan Ingiliizii,
- 4.2.1.4 Herrega'
- 4.2.1.5 Saayinsii Walsimataa,
- 4.2.1.6 Barnoota Hawaasaa fi
- 4.2.1.7 BLAG (Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii)dha.

4.2.2 Akaakuu fi Baay'ina Moojuloota kutaa 7-8tiif qophaa'uu qaban

- Akaakuu barnoota tokkoof mojuloota lamatu qophaa'uu qaba.
- Tokkoon tokkoo kutaatiif akaakuu barnootaa sagaltu qophaa'a.
- Kutaa torbaaf mojuloota $2 \times 9 = 18$ (**kudha saddeet**) qophaa'uu qaba.
- Kutaa saddeetifis mojuloota $2 \times 9 = 18$ (**kudha saddeet**) qophaa'uu qaba.
- Walumaagalatti kutaa torbaa fi saddetiif mojuloota $18+18= 36$ (**soddonii jaha**) ta'a.

- 4.2.2.1 Afaan Oromoo,
- 4.2.2.2 Afaan Amaaraa,
- 4.2.2.3 Afaan Ingiliizii,
- 4.2.2.4 Herrega,
- 4.2.2.5 Barnoota Hawaasaa,
- 4.2.2.6 BLAG (Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii),
- 4.2.2.7 Fiiziksii,
- 4.2.2.8 Keemistiriifi
- 4.2.2.9 Baayoloojiidha

4.2.3 Akaakuu fi Baay'ina Moojuloota kutaa 9-10tiif qophaa'uu qaban

- Akaakuu barnoota tokkoof mojuloota sadiitu qophaa'uu qaba.
- Tokkoon tokkoo kutaatiif akaakuu barnootaa kudha tokkotu qophaa'a.

- Kutaa sagaliif mojuuloota $3 \times 11 = 33$ (**digdamii lama**) qophaa'uu qaba.
- Kutaa kudhaniifis mojuuloota $3 \times 11 = 33$ (**digdamii lama**) qophaa'uu qaba.
- Walumaagalatti kutaa sagalii fi kudhaniif mojuuloota $33+33=66$ (**jatamii jaha**) ta'a.

- 4.2.3.1 Afaan Oromoo,
- 4.2.3.2 Afaan Amaaraa,
- 4.2.3.3 Afaan Ingilizii,
- 4.2.3.4 Herrega,
- 4.2.3.5 BLAG (Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii),
- 4.2.3.6 Fiiziksii,
- 4.2.3.7 Keemistirii,
- 4.2.3.8 Baayoloojii,
- 4.2.3.9 Ji'oogiraafii,
- 4.2.3.10 Seenaafi
- 4.2.3.11 IT (Information Technology)

4.2.4 Akaakuu fi Baay'ina Mojuuloota kutaa 11-12 tiif qophaa'u qaban

- Akaakuu barnoota tokkoof mojuuloota sadiitu qophaa'uu qaba.

Kutaa kudha tokkoof:

- Warra Saayinsii Umamaaf mojuuloota $3 \times 10 = 30$ (**soddoma**) qophaa'uu qaba.
- Warra Saayinsii Hawaasaaf mojuuloota $3 \times 10 = 30$ (**soddoma**) qophaa'uu qaba.

Kutaa kudha lamaaf:

- Warra Saayinsii Umamaaf mojuuloota $3 \times 10 = 30$ (**soddoma**) qophaa'uu qaba.
- Warra Saayinsii Hawaasaaf mojuuloota $3 \times 10 = 30$ (**soddoma**) qophaa'uu qaba.
- Walumaagalatti kutaa 11 fi 12f mojuuloota $2 \times 60 = 120$ (**dhibba tokkoofi digdama**) ta'a.

4.2.4.1 Warra Saayinsii Umamaafqophaa'u qaban

- 4.2.4.1.1 Afaan Oromoo,
- 4.2.4.1.2 Afaan Amaaraa,
- 4.2.4.1.3 Afaan Ingilizii,
- 4.2.4.1.4 Herrega,

- 4.2.4.1.5 BLAG (Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii),
- 4.2.4.1.6 Fiiziksii,
- 4.2.4.1.7 Keemistirii,
- 4.2.4.1.8 Baayoloojii,
- 4.2.4.1.9 IT (Information Technology)
- 4.2.4.1.10 Technical Drawing

4.2.4.2 Warra Saayinsii Hawaasaaf qophaa’u qaban

- 4.2.4.2.1 Afaan Oromoo,
- 4.2.4.2.2 Afaan Amaaraa,
- 4.2.4.2.3 Afaan Ingilizii,
- 4.2.4.2.4 Herrega,
- 4.2.4.2.5 BLAG (Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii),
- 4.2.4.2.6 Ji’oogiraafii,
- 4.2.4.2.7 Seenaa;
- 4.2.4.2.8 IT (Information Technology)
- 4.2.4.2.9 Ikonomiksii fi
- 4.2.4.2.10 Biizinasii

Boqonnaa Shan

5. Haala Galmeen Barattootaa Itti Gaggeeffamu

Barattoonni sagantaa barnoota fagootti barachuuf yammuu galmaa’an haallan armaan gadii guutamuu qabu

- 5.1 Umuriin isaa/shee yoo xiqqaate waggaa 15 (kudha shanii) fi isaa ol ta’uu qaba.
- 5.2 Galmeen barattoota fagoo sagantaa barnoota idilee irratti dhiibbaa kan hin uumne ta’uu qaba.
- 5.3 Barattoonni sagantaa kanatti galmaa’an sababa adda addaatiin sagantaa idilee ykn sagantaa barnoota galgalaatti barachuu kan hin dandeenye ta’ee, namni kamiyyuu galmaa’ee barachuu ni danda’a.
- 5.4 Barataan sagantaa kanatti galmaa’u kamiyyuu kutaa itti galmaa’uuf ragaa barnootaa seera qabeessa ta’e kan hin haqamniifi kan hin laaqamiin dhiheeffachuu kan danda’u ta’uu qaba. Namni ragaa sobaatiin galmaa’uuf yaale garuu seera yakkaa bara 1997 fooyya’ee bahe keeyyata 378 fi 375 tartiiba qubee “ሐ” irratti ibsameen kan adabamu ta’a.
- 5.5 Dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu ragaa sobaatiin barattoota galmeessee yoo argamee eeyyamni isaa ni haqama. Seera armaan olitti lakkoofsa 4 irratti ibsameen ni adabama.
- 5.6 Waraqaa gaggeessituu mana barumsaa itti barachaa turerraa yeroo galmees dhiheeffachuu qaba.

- 5.7 Yeroo galmeen barattootaa itti gaggeeffamu haala qabatamaa godinaa, aanaafi haala mijaawaa barattootaa ilaalcha keessa kan galche ta'ee, sagantaa qorumsa naannoo (kutaa 8^{ffaa}) fi kan biyyaalessaa (kutaa 10^{ffaa} fi 12^{ffaa}) idilee waliin walsimee xumuramu akka danda'utti ta'uu qaba.
- 5.8 Barataan sagantaa barnoota fagootiin barachaa jiru tokko sagantaa idileen barnoota isaa itti fufuuf iyyannoo yoo dhiheeffate jijjiiramuu kan danda'u ragaa seera qabeessa ta'e yoo dhiheeffateefi qaamni dhimmi ilaalu yoo mirkaneesse qofaadha.

Boqona Jaha

6. Haala Qophii Qorumsaafi Kenniinsa Ragaa Barattootaa

6.1 Haala Qorumsi Itti Qophaa'uufi Itti Kennamu

Qorumsi kan qophaa'u ogeeyyii qophii qorumsaatiin gahumsaafi muuxannoo qabaniin ta'ee:

- 6.1.1 Qorumsi yeroofi sadarkaa isaa eeggatee akkaataa kaalendarii qophaa'eeitiin kennamuu qaba.
- 6.1.2 Qorumsi qophaa'u gahumsa, qulqullinnaafi barattoota bifa madaaluu danda'uun qophaa'uu qaba.
- 6.1.3 Qorumsi yemmuu qophaa'u icciitiin isaa eeggamee of eeggannoon kan qophaa'u ta'uu qaba.
- 6.1.4 Qorumsi qophaa'u Gahumsa Barachuu Isaxiqqaa (MLC) irratti kan hunda'ee ta'uu qaba.
- 6.1.5 Barattoota sagantaa barnoota fagoo KBBn kennamuuf qorumsa kan qopheessu BBOtti Daayirektoreetii BAI fi MH yoo ta'u kan dhaabbilee barnoota dhuunfaa garuu dhabbatichumatu qopheessa.

6.2 Haala Qorumsi Barattootaa Itti Raawwatu

- 6.2.1 Qorumsi semisteeraas ta'e kan naannoo fi biyyaalessaa yammuu kennamu iddoo, guyyaafi saa'aatiin itti kennamu adda ba'ee barattootaaf dursaan ibsamuufii qaba.
- 6.2.2 Guyyaa fi haala qorumsi itti kennamu akkasumas of eeggannoo barattoonni yeroo qorumsa hojjetan gochuu qaban ilaalchisee dursee barattootaaf madaqsa (orientation) gahaa kennamuufii qaba.

- 6.2.3 Barattoonni deebii qorumsichaa akka wal-irraa hin waraabne qophii ga'aa taasisuufi ogeessota ittigaafatamummaa fudhachuu danda'aniin of eeggannoon kennamuu qaba.
- 6.2.4 Waraqaan deebii qorumsa semisteera 1^{ffaa} fi semisteera 2^{ffaa} kutaa 5-7 fi kutaa 9^{ffaa} akkuma qorumsi xumurameen barattoota biratti saamsamee chaappeffamuun gara dhaabatichaatti ergamuu qaba.
- 6.2.5 Qorumsi naannoo kutaa 8^{ffaa} fi biyyoolessaa kutaa 10^{ffaa} haaluma ulaagaa fi qajeelfama sagantaa idileetiin kan raawwatu, barattoonni barnoota fagoo wiirtuu qorumsa idilee filatanitti barattoota idilee waliin kan fudhatan ta'a.
- 6.2.6 Barattoonni naamusa qormaataa eeganii qoramuu qabu, naamusa qormaataa cabsanii yoo argaman seera/tarkaanfii naamusa qormaataatiin sirreeffamni taasifamuu qaba.

6.3 Sirna Soroorsaa fi Qabxiin Barattootaa Itti Qindaa'u

- 6.3.1 Barattootni erga qoramanii booda deebiin isaanii ogeessota/ barsiisota akaakuu barumsichaa irratti beekumsaafi dandeettii ga'aa qabaniin fi amanamoo ta'aniin wiirtuu qophaa'e irratti of eeggannoon soroorfamuu qaba.
- 6.3.2 Ragaan firii qorumsaa guca seera qabeessaa fi sirrii ta'een qindaa'ee kutaa rikardiitti qabamuu qaba.
- 6.3.3 Firiin qorumsaa guyyota 15 keessatti barattootaaf ibsamuu qaba.
- 6.3.4 Qabxiin darbiinsaa fi irra deebii kutaa barattootaa sagantaa kanaa kan sagantaa barnoota idilee waliin wal-gitu ta'uu qaba.
- 6.3.5 Bu'aa qorumsichaa ilaalchisee sirni komii ykn gaaffiin barattootaa itti keessumaa'u jirachuu qaba.

6.4 Sirna Kenniinsa Ragaa Barattootaa (Certification)

Barattoonni barnoota fagoo irratti hirmaatan haallan armaan gadii yoo guutaman waraqaan ragaa barnootaa (Certificate) ni laatamaaf.

- 6.4.1 Barnoota kutaa itti baratanii sirriitti yoo xumuran.
- 6.4.2 Abbaltii (worksheet) fi qorumsa semisteerota hundaa yoo qoraman.
- 6.4.3 Kaardiin gabaasa firii qorumsaa (Report Card) barattootaaf kennamu odeeffannoon isaa barnoota idileetiin kan walfakkaatu ta'a.

Qabiyyee kaardiin barattootaaf kennamu guuttachuu qabu:

- 6.4.4 Kaardiin ragaa firii qorumsaa barataa qorumsa darbes ta'e kan hindarbiin tokkoo tokkoof kan kennamu ta'a.
- 6.4.5 Kaardichi mallattoo abbaa taayitaa dhimmichi ilaaluun kan mallattaa'ee fi chaappaa dhabbatichaa seera qabeessa ta'e kan qabu ta'uu qaba.
- 6.4.6 Haalli barattoonni firii qorumsa semisteerotaas ta'e kan qorumsa naannoofi biyyoolessaa itti argatan asii ol lakkoofsa 4 fi 5 irratti ibsaman adda bahee barattoonni dursaan beekuu qabu.

Boqonna Torba

7. Sirna Kenniinsa Beekamtii Duraa, Guutuu fi Haaromsa Eeyyama Hojii Dhaabbilee Barnoota Dhuunfaa itti Kennamuu fi itti Haqamu

7.1 Haala Gaaffiin Beekamtii Duraa Itti Dhiyaatu

- 7.1.1 Dhaabbanni kamiyyuu naannoo Oromiyaa keessatti barnoota fagoo gaggeessuuf barbaadu dursaan Biiroo Barnoota Oromiyaarraa eeyyama hojii argachuun dirqama ta'a.
- 7.1.2 Qaamni/Dhaabbanni eeyyama barnoota fagoo gaafatu kamiyyuu iyyaannoo isaa barreeffamaan kan dhiyeffatu Daayirektoreetii Barnoota Al-idilee fi Misooma Hawaasaatiif yoo ta'u, daayirektoreetichis iyyata qaama iyyata dhiyeffatuu ka'umsa taasisuun haala qajeelfama kanaan wantoota guutamuu qaban guuttachuu isaa mirkaneessuun haala keeyyata 19 jalatti taa'een eeyyama kennaaf.
- 7.1.3 Dhaabbanni tokko sagantaa barnoota fagoo gaggeessuuf yemmuu gaaffii eeyyama beekamtii duraa dhiyeffatu piropoozaala projeektii seera qabeessa ta'e waliin dhiyeeffachuu qaba.
- 7.1.4 Dhaabbanni kamiyyuu naannoo Oromiyaa keessatti barnoota fagoo gaggeessuuf proppoozaala projektii dhiheeffatu irratti godina, aanaa ykn bulchiinsa magaalaa tokkoo tokkoon barnooticha keessatti gaggeessuu barbaadu adda baasuun kan ibsu ta'uu qaba.
- 7.1.5 Proppoozaalli projeektii dhaabbanni eeyyama barnoota fagoo gaafatu kamiyyuu dhiheeffatu ragaa guutuu aanaalee/bulchiinsa magaalotaa

eeyyama itti gaafatu tokko tokkoon kan qaabaatuufi maaliif sagantaa barnoota fagoo aanaa/magaalaa sanitti gaggeessuu akka barbaade kan ibsu ta'uu qaba.

7.2 Haala Eeyyamni Beekamtii Duraa Itti Kennamu

Haallan armaan gadii yoo guutaman dhaabbata sagantaa barnoota fagoo gaggeessuuf gaafateef eeyyamni duraa ni kennamaaf.

- 7.2.1 Dhaabbanni barnoota fagoo wantoota guutamu qaban armaan ol keeyyata 18 jalatti tarreeffaman hunda yoo guuttate.
- 7.2.2 Dhaabbatiichi ulaagaa barbaachisaa ta'e hunda guuttachuun isaa Daayirektoreetii Barnoota Al-idilee fi Misooma Hawaasaatiin ilaalamee murtiin itti kennama.
- 7.2.3 Yaadni ogeeyyii Daayirektoreetichaatiin kenname DaayirekteraDaayirektoreetii Barnoota Al-Idilee fi Misooma Hawaasaan mirkanaa'ee I/A/Hogganaa BBOf dhihaatee eeyyamni akka kennamuuf yoo murtaa'edha.
- 7.2.4 Eeyyamni duraa hojii sagantaa barnoota fagoo kan kennamu turtii waggaa lamaaf qofa ta'a.

7.3 Haala Beekamtiin Duraa Itti Haqamu

Beekamtiin duraa dhaabbata barnoota fagoo kan haqamu:

- 7.3.1 Istaandaardii yeroo eeyyamni isaaf kennameen gadi hojjechaa jirachuun isaa yoo mirkanaa'e.
- 7.3.2 Sadarkaa barnootaa eeyyamni duraa itti kennameen ala hojjechuu irratti yoo argame.
- 7.3.3 Eeyyamni beekamtii duraa haqamuu isaas meeshaalee quunnamtii ummataatiin ni himama. Akkasumas sadarkaa magaalotaafi aanaaleetti bakka mul'atan adda addaatti beeksisa maxxansuun ummatni akka beeku ni godhama.

7.4 Haala Beekamtiin Guutuu Itti Kennamu

- 7.4.1 Hanqinoota yeroo turtii beekamtii duraaf kennameef keessatti akka sirraa'an jedhaman sirraa'uu isaanii ragaa qabatamaan deeggaramee kan dhiyaate yoo ta'e.
- 7.4.2 Gabaasni guutuu yeroo turtii eeyyama duraa waggaa lamaa dhihaatee qaama madaallii BBOtiin madaalamee fudhatama yoo argate.
- 7.4.3 Sirraa'uu isaas ogeeyyiin BBO (Daayirektoreetii Barnoota Al-Idilee fi Misooma Hawaasaa) qaamaan bakkatti argamnii yoo mirkaneessan.
- 7.4.4 Gurmaa'inni dhaabbatichaa haala istaandaardii kaa'ameen ta'ee yeroo gara yerootti guddachaafi fooyya'aa deemuu isaa ifatti kan mul'atu yoo ta'e.
- 7.4.5 Kaayyoo dhaabbateef fiixa baasuuf ulaagaalee qaamni eeyyama kenne baase hojiirra oolchuu isaa yoo mirkaneesse.
- 7.4.6 Sirni barnootaa dhaabbatichi itti gargaaramu sadarkaafi sirna barnootaa mootummaa kan hordofe ta'uun isaa yoo mirkanaa'e.
- 7.4.7 Imaammata, dambiiwwaniifi qajeelfamoota barnootaafi leenjii bahan fudhachuufi hojiirra oolchuun isaa yoo mirkanaa'e.
- 7.4.8 Barnoonni kennaa jiru bu'a qabeessa ta'ee, hirmaattonni/barattoonni fayyadamtoota ta'uun isaanii ragaa qabatamaan kan mirkanaa'ee yoo ta'e.
- 7.4.9 Haalli quunnamtii dhaabbatichaafi barattootaa mijaawaa fi gaaffiif rakkoo barattootaa battalatti kan hiiku yoo ta'eefi kanaafis barattoonni ragaa yoo bahan ta'e.

7.5 Haala Eeyyamni Hojii Guutuu Itti Haaromsamu

Eeyyamni hojii dhaabbilee barnoota fagoo haallan armaan gadii yoo guutaman ni haaromsamaaf.

- 7.5.1 Eeyyamni hojii guutuu kan haaromsamu waggaa lama lamaan ta'a.
- 7.5.2 Dhaabbatichi eeyyamni hojii akka haaromsamuuf ulaagaa barbaachisu guutee barreeffamaan BBO yoo gaafate.
- 7.5.3 Dhaabbatichi istaandaardii kaa'ame guutuudhaan hojjechaa yoo jiraate.
- 7.5.4 Hojiin dhaabbatichi gaggeessaa jiru sadarkaa hundattuu bu'a qabeessa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e.

7.5.5 Madaallin gabaasa sochii waggaa lamaa dhaabbaticha irraa dhihaate madaalamee bu'a qabeessa ta'uun isaa yoo mirkanaa'ee fi kunis I/A/Hogganaa BBOtiin yoo raggaasifame.

7.6 Haala Eeyyamni Guutuun Itti Haqamu

Haallan armaan gadii yoo mul'atan eeyyamni guutuu dhaabbata barnoota fagoo gaggeessaa jiruu haqamuu danda'a:

7.6.1 Istaandaardii yeroo eeyyama guutuu ittiin argateen gadi hojjechaa jirachuun isaa yoo mirkanaa'e.

7.6.2 Sirna barnoota naannoo Oromiyaatiif fi kan biyyooleessatiin ala yoo barsiisee argame;

7.6.3 Sadarkaa barnootaa eeyyama ittiin argateen ala hojjetee yoo argame.

7.6.4 Bu'a qabeessummaan hojii dhaabbatichaa yeroo gara yerootti gadi bu'aa yoo deemee fi hirmaattota fayyadamtoota gochuu yoo dadhabe.

Kana jechuun:

- Barattoota kutaa kutaan galmaa'an keessaa 50% ol qorumsa darbuu yoo dadhaban.
- Sirni barattoonni qabxii isaanii itti fooyyeffataniifi irra deebiin barattootaa itti xiqqaatu uumuu dhabuun bu'aa xiqqaan yoo galmaa'ee.

Boqonna Sadet

8. Sirna Gabaasaa

8.1 Qabiyyee Xiyyeeffannaa Gabaasa Dhihaatuu

Dhaabbanni sagantaa barnoota fagoo naannoo Oromiyaa keessatti gaggeessaa jiru kamiyyuu:

8.1.1 Gabaasa raawwii hojii akkaataa barbaachisummaa isaatti caasaalee barnootaaf semisteeratti (termiitti) al tokko dhiheessuu qaba.

8.1.2 Gabaasni dhihaatu ulaagaafi qabiyyee BBOon qopheesse dhaabbilee kanneeniif kenne kan bu'uureeffate ta'uu qaba.

Isaanis kan armaan gadiiti:

- 8.1.3 Dhaabbatichi kana dura eeyyama beekamtii qabaachuu isaafi bara baraan kan haaromfate ta'uu isaa.
- 8.1.4 Eeyyamni kennameef godina, aanaa /magaalaa keessatti hojjechaa jiru tokko ta'uu isaa.
- 8.1.5 Caasaaleefi gurmaa'ina keessoo dhaabbatichaa kan ibsu.
- 8.1.6 Sirna quunnamtii caasaaleefi barattoota waliin itti raawwatu.
- 8.1.7 Sirna /ulaagaa galmeen barattootaa kutaa kutaan ittiin raawwatu.
- 8.1.8 Seera/dambii dhaabbatichiifi barattoonni waliin qaban jiraachuu isaa.
- 8.1.9 Adeemsa madaalliin /qorumsi barattootaa itti gaggeeffamu.
- 8.1.10 Sirna qorumsi itti qophaa'u.
- 8.1.11 Akkaataa sororsaafi qabxiin barattootaa itti raawwatuufi itti qindaa'u.
- 8.1.12 Sirna kenniinsa ragaa barnootaa (Certification).
- 8.1.13 Barattoota qorumsa hin darbiin ilaalchisee wanta raawwtamuu qabu.
- 8.1.14 Haala walitti dhufeenya waajjira barnoota aanaa waliin jiru.
- 8.1.15 Ragaa galmee barattootaa bara baraan.
- 8.1.16 Ragaa bu'aa qorumsaa bara baraan.
- 8.1.17 Qabxii barattootaa fooyyessuuf waantota raawwataman.
- 8.1.18 Bu'aa argame (itti quufiinsa barattootaa) fi kkf.

Boqonnaa sagal

9. Tumaalee Adda Addaa

9.1 Dhimoota Xiyyeeffannoo Addaa Barbaadan

- 9.1.1 Dhaabbanii barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu eeyyama hojii naannoo biroo irraa argateen naannoo Oromiyaa keessatti ittiin hojjechuu hin danda'u.
- 9.1.2 Dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu tokko haala seera qabeessa hin taaneen barattoota galmeessee yoo argamee seeraan itti gaafatama.
- 9.1.3 Dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu barattoota galmeessee barumsa erga calqabsiisee booda sababa kamiinuu barnoota osoo hin xumursisiin jidduutti addaan kutuu hin danda'uu; addaan kutee yoo argame, eeyyama akka deebisu ta'ee yakka raawwateef garuu seeran kan itti gaafatamu ta'a.

- 9.1.4** Dhaabbanni barnoota fagoo gaggeessu kamiyyuu waajjira barnoota aanaa/bulch.magaalaa waliin walitti dhufeenyaan hojjechuun gabasaa BBOf yammuu dhiheessu xalayaa deeggarsaa aanichaa waliin walqabsiisuun ta'uu qaba.
- 9.1.5** Galmee barattootaa qorumsa naannoos ta'e kan biyyaalessaa yeroo manneen barnoota idilee itti gaggeessan hordofee yeruma sanitti qulqullinaan galmeessee qaama dhimmi ilaaluuf dabarsuu qaba.
- 9.1.6** Barattoonni qorumsa fudhatanii kutaa gara kutaatti darbuu hin dandabeenye barnoota isaanii kutuma sanitti irra deebi'anii barachuuni danda'u.
- 9.1.7** Barattoonni rakkoon adeemsa baruu fi barsiisuu irratti yoo isaan mudate haalli rokkoo isaanii sadarkaa aanaatti/bul. magaalatti dhiheeffatanii furmaata itti argatan jiraachuu qaba.
- 9.1.8** Barataan barnoota fagoo kamiyyuu ragaa barnoota yeroo duraatiif bilisaan argachuu qaba. Yeroo lammaffa fi isaa ol yoo gaafate garuu kaffaltii humna barata ilaalcha keessa galcheen kan kennamuuf ta'a.
- 9.1.9** Dhaabbanni barnoota fagoo Oromiyaa keessatti kennaa jiru eeyyama isaa yeroon turtii eeyyama isaa xumuramuuf guyyoota 30 yoo hafuu fi yeroon turtii eeyyamaa xumuramee guyyaa 30 keessatti eeyyama hojii isaa haaromsuu qaba.
- 9.1.10** Eeyyamni sadarkaa BBOtti mallattoo Itti Aanaa Hogganaa BBOtiin, akkasumas, sadarkaa Godinaatti/bu.Magaalaatti hogganaa Waajjira Barnootaatiin kan kennamu ta'a.

9.2 Kaffaltii Eeyyamaa

9.2.1 Kaffaltii Eeyyama Barnoota Fagoo Kutaa (5-8)

Haala kenna eeyyamaa fi to'annaa dhaabbilee barnoota dhuunfaa ilaalchisee dambiin Lakk.206/1987 Mana Marii Ministeerotaatiin ba'e akkuma ibsutti dhaabbileen barnootaa fi leenjii sagantaa adda addaa gaggeessan haala armaan gadiitti mul'atuun kaffaltii eeyyamaa raawwachiisuu qaba

9.2.2 Kaffaltii Eeyyama Beekamtii Barnoota Fagoo Kutaa (9-10)

9.2.2.1 Gaaffii eeyyama marsaa duraatiif Qar.750.00 (dhibba torbaa fi shantama).

- 9.2.2.2 Gaaffii eeyyama guutuutiif Qar.500.00 (dhibba shan).
- 9.2.2.3 Gaaffii haaromsa eeyyamaatiif Qar.500.00 (dhibba shan).
- 9.2.2.4 Gaaffii eeyyama sadarkaa mana barumsaa ol guddisuu fi haaromsuuf Qar.500.00 (dhibba shan).

9.2.3 Kaffaltii Eeyyama Beekamtii Barnoota Fagoo Kutaa (11-12)

- 9.2.3.1 Gaaffii eeyyama marsaa duraatiif Qar.1200.00 (kuma tokkoo fi dhibba lama).
- 9.2.3.2 Gaaffii eeyyama guutuutiif Qar.1000.00 (Kuma tokko).
- 9.2.3.3 Gaaffii haaromsa eeyyamaatiif Qar.1000.00 (Kuma tokko).
- 9.2.3.4 Gaaffii eeyyama sadarkaa mana barumsaa ol guddisuu fi haaromsuuf Qar.1000.00 (Kuma tokko).

Boqonnaa kudhan

10. Hojimaata Diigaman

Qajeelfamoonni biroo qajeelfama kanaan walitti bu'an akkasumas qajeelfamoonni barnoota fagoo kana dura jiran hunduu qajeelfama kanaan bakka waan bu'aniif diigamaniiru.

Boqonnaa kudha Tokko

11. Haala Qajeelfamni Kun Itti Fooyya'u

- 11.1 Qajeelfamni kun hojiirra oolee yaada ogeeyyiifi fayyadamtotaatiin erga gabbatee booda yoo itti amaname fooyya'uu ni danda'a.
- 11.2 Aangoon qajeelfama kan fooyyessuu kan Biiroo Barnoota Oromiyaa qofa ta'a.

Boqonnaa Kudha Lama

12. Yeroo Qajeelfamni Kun Itti Ragga'u

Qajeelfamni kun Caamsaa bara 2010 irraa egaalee hojiirra kan oolu ta'a.

Tolaa Bariisoo (Ph.D)

Hogganaa Biiroo Barnoota oromiyaa

Miiltoo 1

Distance Education Modules Quality Evaluation Sheet

Oromia Education Bureau

Subject _____ **Modules** _____

S/N	Quality Factors/ Evaluation Criteria/	Maximum Points 100	Points Given Through Evaluation /100	Evaluators' Specific Comment
1	Conformity of the material to the requirements of the current curriculum.	20		
2	Content: Accuracy and appropriateness of the factual content of the module.	25		
3	Level of language: Accessibility of the level of language to the learners of the grade for which the module is intended and whether it also helps to improve learners understanding and use of language.	15		
4	Pedagogical method: Appropriateness of the pedagogical method to distance circumstances and learner needs and the usefulness of the exercises, tasks and evaluation and testing materials equally useful.	30		
5	Design & illustration: Quality of the visual presentation, including typography and illustrations, in relation to the pedagogical needs of the module and the motivations of the learners.	10		
	Maximum total points	100		

Final comment and decision of the evaluator

Name of the evaluator _____

Position _____

Signature _____ Date _____